Oromiyaa

Lakk. 368

Oduu

Hirmaattonni Foramii dubartootaafi dargaggootaa hundeeffama Liigichaaf ciminaan akka hojjetan ibsan

Hirmaattonni fooramii dubartootaafi dargaggootaa miseensota Dh.D.U.O hundeeffama liigichaaf ciminaan akka hojjettan beeksisan.

Jirmaattoota keessaa ad. Sintaayeehu Lammaa godina Booranaa irraa kan dhufan yemmuu ta'u, hirmaannaa dubartootaa kallattii hundaanuu cimisuuf liiqiidhaan gurmaa'uun murteessaa ta'uusaa eeranii, liiqiin dubartootaa fuul-duratti hundeeffamu qooda fudhannaa siyaasaa dubartootaa kan cimsu dha jedhaniiru. Itti fufuudhaanis, isaanis milkaa'ina hojii kanaaf ciminaan akka hojjetan waadaa galaniiru. Ad. Gannat Barkeessaa, godina Wallagga bahaa irraa kandhufan yemmuu ta'u, hundeeffamuun liigii dubartootaa waldaaleen dubartootaa biroos cimanii akka socho'an deeggarsa ol'aanaa kenna jedhaniiru. Hundeeffama liiqichaafis ciminaan akka hojjetan dubbataniiru.

Ob. Huseen Qamar godina Harargee lixaa aanaa Ciroorraa kan dhufan yemmuu ta'u, fooramiin dargaggootaa seenaa qabeessa ta'uusaa ibsanii, liigii dargaggootaa hundeeffamuuf waan isaanirraa barbaachisu gumaachuuf qophii ta'uusaanii addeessaniiru. Barataa Tasfaayee Shifarraaw yunivarsiitii Finfinneerraa kan dhufe yemmuu ta'u, liigii dargaggootaa hundeessuuf qabsoon jalqabame kun dhalootarraa gara dhalootaatti akka itti fufu dandeessisa. Muuxannoo biyyoota addadda kana mirkaneessa eerga jedhe booda, milkaa'ina hundeeffama liigichaaf ciminaan akka hojjetu addeesseera.

Foramiin guyyaa lamaaf deemsifame koree misensota sagal qabu filateera. Koreen kunis, hundeeffama liigii dubartootaafi dargaggootaa hundeessuuf haala kan mijeessu dha. Haaluma kanaan gama dubartootaatiin miseensonni sagal kan filataman yemmuu ta'u, ad. Dammituu Haam bisaa dura-teessuu, ad. Illeenii Damisee itti aantuu, ad. Raabiyaa Isaa barreessituu ta'anii kan filataman yemmuu ta'u gama dargaggootaatiin,

Ob. Oromiyaa Caalchisaa dura taa’aa, Injinar Taakkalaa Uumaa itti aanaa Ob. Mulaatuu Tsiggee barreessaa ta’anii filatamaniiru.

Bal’ina oduu kanaa Balballoomii irraa ilaalaa.

Dh.D.U.On kaadhimamtoota 1,794,194 filannoof qopheesse

Dhaabbanni demokraatawaa Ummata Oromoo (Dh.D.U.O)n filannoo Ebla dhufu adeemsifamu irratti mana maree hundaaf kaadhimamtoota 1,794,193 qopheessee hojii kaadhimamtoota qulqulleessuu adeemsisaa akka jiru ibsame.

Ragaan waajjira giddu galeessaa Dh.D.U.O irraa argame akka ibsutti, mana maree bakka bu'oota ummataa, mana maree naannoo, mana maree aanaafi ganda akkasumas mana maree gandoota magaalaatiif walumaa gala kaadhimamtoonni 1,794,193 dhihaatanii hojiin qulqulleessuu adeemsifamaa jira.

Kaadhimamtota ga'umsa qaban, ummata biratti fudhatama kan qaban dhiheessuudhaan Dh.D.U.On filannoo demokraatawaa adeemsisuuf kallattii kaa'ee hojjechaa akka jiru ragaan kun eereera. Kaadhimamtoota kanneen keessaa hirmaannaan dubartootaa %32.6 akka ta'es beekuun danda'ameera.

Filannoo Ebla dhufu adeemsifamuuf hanga Amajjii 19/2000tti namoonni 7,911,756 filachuuf galmaa'uu isaanii ragaan kana irraa hubachuun danda'ameera.

Haaluma wal fakkaatuun godina Wallagga bahaatti filannoo mana maree aanaafi gandaaf Dh.D.U.On miseensota ummata biratti fudhatama qaban, hojiisaanitiin adda duree ta'aniifi kaayoo dhaabaa galmaan ga'uuf kutannoon hojjechu danda'an kaadhimamtoota 60,616 dhiyeessuudhaan akka ummanni yaada itti kennuu taasifamaa akka jiru Ob. Gazaahany Kabbadaa itti aanaa itti gaafatamaa waajjira ijaarsaa Dh.D.U.O godinichaa addeessaniiru. Kaadhimamtoota dhiyaatan keessaa mana maree aanaatiif kaadhimamtoota 939, mana maree gandaatiif ammoo kaadhimamtoota 59,675 ta'uusaanii ragaa argameerraa hubachuun danda'ameera.

Godinichatti hanga ammaatti namoonni 375,971 ol filannoodhaaf kan galmaa'an yemmuu ta'u, kunis ummata ni galmaa'a jedhame eegamurra dhibbeentaa 83 akka ta'e Ob. Gazaahany dubbataniiru.

Misooma jallisiitiin midhaan kuntaala kuma 200 ol argame

Bara kana godina Arsiitti misooma jallisiitiin lafa heektaara 14,989 misoome irraa midhaan kuntaala 209.526 argamuusaa itti gaafatamaan waajjira abbaa taaytaa misooma jallisii godinichaa ibsan.

Itti gaafatamaan waajira abbaa taayitaa misooma jallisii godina Arsii Ob. Tasfaayee Guddisaa akka jedhanitti, Qonnaan bulaan godinichaa waggaatti al sadii oomishee nyaataan of danda'ee dinagdeesaa akka guddifatuuf karoora mootummaan baaseen bara kana akka godina Arsiitti, jallisii Amayaatiin lafa heektaara 6,354fi jallisii aadaatiin lafa heektaara 24,166 waliigala lafa heektaara 30,520 misoomsuuf karoorfamee marsaa jalqabaatiin lafti heektaarri 12,160 jallisii aadaatiin, lafti heektaarri 2829 jallisii ammayaatiin misoomuusaa dubbataniiru.

Lafa marsaa jalqabaan oomishame kanarraa miidhaan kuntaala 101,501 jallisii aadaarraa, midhaan kuntaala 108,025 jallisii ammayaarraa dimshaashatti miidhaan kuntaala 209,526 kan sassaabame ta'uu dubbataniiru. Gosa midhaanii oomishame keessaa, Boloqqee, Mosee, Shunkurtaa, Hundee diimaa, Boqqolloo, Timaatima, Raafuu, Mimmixa, Maangoo, Muuzii, Abokaadoo, Jimaafi Buna yeroo ta'u misooma jallisii kana irratti qonnaan bultoonni 33,421 hirmaataniiru jedhaniiru. Akka ibsa Ob. Tasfaayeetti deeggarsi ogummaa hojjettoota misoomaafi hojjettoota waajirichaa hojiin misooma jallisii kun akka galma gahuuf rakkoon geejibaa haa jiraatuyyuu malee yeroo isaa eeggatee akka misoomuuf deeggarsi ogummaa godhamaa jiru guddaadha. Akka walii galaatti hojichi karoora taa'een kan hin raawwatamne, qotee bulaan qonna gannaa sassaabuu irratti waan tureefi lafti jallisiin aadaa oomisha gannaan waan qabameef ta'uu itti gaafatamtichi ibsaniiru.

Qulqullina bunaa eegsisuuf xiyyeeffannoon kennamee hojjetamaa jira

Godina Jimmaatti qulqullina bunaa eegsisuu dhaaf xiyyeeffa-nnoon ol’aanaa kennamee hojjetamaa akka jiru Ob. Siyum Ittaanaa itti gaafatamaan waajjira qonnaafi misooma baadyaa godinichaa beeksisan.

Qulqullina bunaa eeguuf qonnaan bultoota buna oomishaniif leenjiin fufiinsa qabu kennamaa akka jiru kan ibsan Ob. Siyum Shiboon meetiir iskuweerii kuma 91 birrii kuma 113 oliin bitamee qonnaan bultoota 1,517f, akkasumas, keeshaa diriiraa meetir iskuweerii kuma 9 birrii kuma 114,250 oliin bitamee qonnaan bultoota 1,813f qoodamuusaa eeraniiru. Itti fufuudhaanis, meeshaaleen addaddaa qulqullina bunaaf gargaaran birrii kuma 100 oliin bitamee qonnaan bultootaaf qoodamuusaa addeessaniiru.

Giddu galeessa qorannoo Jimmaafi Wiirtuu misooma bunaa Limmuurraa sanyiin bunaa kuntaalli 279 ol birrii kuma 500 oliin bitamee qonnaan bultootaaf qoodamuusaa itti gaafatamichi ibsaniiru. Itti dabaluudhaanis, barana buna miicame toonii 14,292, akkasumas, buna hinmiicamne ammoo toonii 35,292 gabaa giddugaleessaaf dhiyeessuuf karoorfame keessaa buna miicame toonii 4,600 ol akkasumas, kan hin micamnee tooniin 3,100 gabaa giddugaleessaaf dhiyaachuusaa eeraniiru.

Aanaa Gammachiisitti callaan kuntaala 253,253 ol akka argamu tilmaamame

Godina Harargee lixaa aanaa Gammachiisitti bara omishaa 1999/2000 lafa hek. 48332.65 qotamee faca'erraa midhaan kun. 253253.85 akka argamuu malu itti aanaan bulchaa aanichaa ibsan.

Itti aanaa bulchaa aanichaa kan ta'an Ob. Seefuu Abbabaa Gaazexaa Oromiyaaf ibsa addatti kennaniin, bara omishaa 1999/2000 aanichatti lafa hek. 48332.65 qotamee faca'erraa callaan kun. 253,253.85 ni argama jedhamee akka tilmaamamu eeraniiru.

Lafa qotamee faca'e keessaa midhaan gannaa hek. 44623.65, akkasumas midhaan yeroo arfaasaa hek. 3709 akka ta'e ibsi Ob. Seefuu Abbabaa Addeesseera. Bara omishaa 1998/99, lafa hek. 43429 qotamee faca'erraa allaan kun. 153336.5n akka argameefi lafa qotamee faca'e kana keessaas midhaan gannaa hek. 404, akkasumas midhaan yeroo arfaasaa hek.3010 akka ta'e ni yaadatama.

Balballoomii Oduu

Hundeeffama liigichaaf ciminaan hojjetamuu qaba

Yaa'iin Dh.D.U.O 4ffaa dhimmoota ijoo murteesse keessaa hangafti liigii dubartootaafi dargaggootaa dhaabuudha. Haaluma kanaan milkaa'ina dhimma kanaaf hojiileen haal-dureewwan bu'aa qabeessa ta'an hedduun hojjetamaa turaniiru. Hojiin liigii dubartootaafi dargaggootaa hundeessuuf waggaa tokkoof giddu galeessarraa hanga gandaatti hojjetamaa ture milkaa'e tibba kana fooramiin liigii dubartootaafi dargaggootaa hundeessuuf dandeessisu magaalaa Finfinneetti galma wajjira pireezidaantitti gaggeeffameera. Foramii kanarratti bakka bu'oonni miseensonni Dh.D.U.O dubartootaafi dargaggootaa godinaalee mara irraa baba'an hirmaataniiru.

Foramii kanarratti waraqaan qu'annoo barbaachisummaa liigii ibsuufi qabsoo dubartootaafi dargaggootaa ibsu dhiyaatee hirmaattonni bal'inaan irratti mari'achuusaaniirrayyuu, gaaffiileen addaddaa ka'anii irratti mari'atameera. Foramii haala ho'aa ta'een gaggeeffame kanarratti Ob. Zalaalam Jamaanee miseensi koree hojii raawwachiistuu Dh.D.U.Ofi itti gaafatamaan sab-qunnamtii Dh.D.U.O dubbii dubbataniin, Dh.D.U.On hundeeffamasaarraa kaasee gaffiiwwan siyaasaa, dinagdeefi haawaasummaa Ummata Oromoo hiikuudhaaf qabsoo hadhaawaa deemsisuusaa dubbataniiru. Qabsoo deemsifame kana keessattis hirmaannaan dubartootaafi dargaggootaa iddoo ol'aanaa akka qabu eeraniiru. Itti fufuudhaanis injifannoo argameenis ummanni keenya abbaa mirgaa ta'ee, aadaa qooqasaa seenaa dagaagfachaa jiraachuusaarrayyuu, guddina dinagdee biyya keenyatti mirkanaa'aa jiru irraa fayyadamaa akka jiru addeessaniiru. Itti dabaluudhaanis, toora warraaqsa demokraasii haala fufiinsa qabuun cimee akka adeemu dubartoonniifi dargaggoonni miliyoonaan lakkaawwaman dhaaba keenyatti makamuudhaan qabsicha cimsaa akka jiran eeranii, kanaaf ammoo gurmaa'uun murteessaa dha jedhaniiru. Haaluma kanaan miseensota Dh.D.U.O kan ta'an dubartoonniifi dargaggoonni liigii cimaa ta'e ijaaranii debsa warraaqsa demokraasii keessatti gaheesaaanii akka ba'an hundeeffamuun liigii dubartootaafi dargaggootaa murteessaaf foramiin dubartootaafi dargaggootaa haala ni mijeessa jedhaniiru.

Waa’ee liigii ilaalchisee Ob. Zalaalam ibsa kennaniin, “miseensa liigii kan ta’u, miseensa Dh.D.U.O ta’u qaba. Haata’u malee, dargaggoota ilaalchisee waan addaatu jiru. Fakkeenyaaf akkaataa seera ittiin bulmaata dhaabaatiin miseensa ta’uu kan danda’amu waggaa 18tti. haata’u malee, liigiin ammoo waggaa 15 ol kan ka’e miseensa liigii ta’u akka danda’u ibsa. Asirratti namni tokko kalayoo warraaqsa demokraasii fudhatee Dh.D.U.O wajjin qabsaa’uuf murteesse waan hunda eerga xumure, miseensa ta’uudhaaf umriinsaa qofa kan daangeessu yoo ta’e miseensa liigii ta’u ni danda’a” jedhaniiru.

Ad. Dammituu Hambisaa qindeessituun koree haala mijeessituu hundeeffama liigii dubartootaa galmasaaniitiin kaayoon warraaqsa demokraasii Dh.D.U.On qabate galma ga’ee rakkoon dubartootaa gama hundaanu jiru furmaata akka argatuuf dubartoonni Oromiyaa keessatti argaman baay’inaan Dh.D.U.O cinaa hiriiruudhaan qabsaa’aa akka jiran ibsanii, qabsoo kanarraayyis fayyadamoo ta’aniiru jedhaniiru. Itti fufuudhaanis, kunis ciminaan akka adeemuuf dubartoota liigiidhaan gurmeessuun barbaachaa dha. Eerga jedhanii booda, kaayoon fooramichaa liigii dubartootaa hundeessuuf haala mijeessudha jedhaniiru. Ob. Oromiyaa caalchisaa qindeessaan liigii dargaggootaa gamasaaniitiin qabsoo yeroo yeroon gaggeeffame keessatti hirmaannaan dargaggootaa ol’aanaa ta’uusaa eeranii, dargaggoonni qabsoon amma jalqabame ciminaan akka itti fufuuf gurmaa’anii socho’uu akka qaban ibsuudhaan, foramiin kunis liigii dargaggootaa hundeessuuf bu’ura akka ta’e dubbataniiru. Hirmaattonni fooramichaa ibsa ejjannoo baasaniin hundeeffama liigichaaf gara kuteenyaan hojjechuuf waadaa seenuusaaniirrayyuu, guddinni dinagdee amma jalqaqbame haala fufiinsa qabuun akka adeemu bulchiinsa gaarii mirkaneessuufi akkasumas filannoon fuul-dura gaggeeffamu akka milkaa’u taasisuuf gara kuteenyaan akka hojjetan mirkaneessaniiru.

Foramiin guyyaa lamaaf deemsifame liigii dubartoota hundeessu koree miseensota sagal qaba maal mijeessuu miseensota sagal qabu, akkasumas, koree liigii dargaggootaa hundeessuuf haala mijeessu filachuudhaan xumurameera.

Egaa fooramiin seena qabeessa ta’e kun gaggeeffame miseensotas filateera. Miseensonni kunneen milkaa’inni hojii kanaaf xiyyeeffannoo kennuudhaan hojjechu qabu. Hundeeffamuun liigii kana qabsoon jalqabame wal-harkaa fuudhinsaan galma akka ga’u kan taasiisuudha. Kanaaf ammoo miseensii hundinu ciminaan hojjechu qaba. Dhimma kana irratti fuul-duraaf hojii bal’ina qabu dhiyeessina.

Ijoo dubbii

Filannicha karaa hundaanuu injifachuuf

Filannoon Ebla dhufu adeemsifamu karaa bilisa, haqa-qabeessafi demokraatawaa ta'een akka xumuramu taasisuuf Dh.D.U.O/ADWUIn hojii bal'aa hojjetaa jira. Dh.D.U.O/ADWUIn, karaa tokkoon, filannicha keessatti paartiilee siyaasaa karaa nagaafi demokraatawaa ta'een dorgomuuf of-qopheessanii dhiyaatan hundaa wajjin wal-qixxummaadhaan dorgomee injifachuuf ga'umsaan of-qopheessaa jira. Karaa biraa ammoo, kaayoofi amantaa ummatummaa qaburraa kan ka'e filannichi, karaa bilisa, haqa-qabeessafi demokraatawaa ta'een akka xumuramuuf eenyuyyuu caalaa xiyyeeffannoo kennee hojjechaa jira.

Filannoon baatii lama booda, Ebla 2000, adeemsifamu kun caffeewwan aanaalee magaalotaafi gandootaa hundeessuudhaaf kan adeemsifamu, yemmuu ta'u kanumaa wajjin wal-qabatee mana maree bakka bu'ootaa ummataafi caffee naannoo keessaa sababa addaddaatiin kanneen hir'atan guutuuf kan adeemsifamu ta'uun isaa ni beekama. Asirratti dhimmi hangafni xiyyeeffannoo guddaa argachuu malu sadarkaa filannoon itti adeemsifamu utuu hin taane, filannoon sadarkaa kamittiyyuu adeemsifamu birmadummaa ummataa kan mirkaneessu ta'uu isaati, jedhee amana Dh.D.U.O/ADWUIn.

Dh.D.U.O/ADWUIn filannoo demokraatawaan karaa demokraatawaa ta'een adeemsifamee xumuramu birmadummaan ummataa qabatamaadhaan mirkanaa'uu isaatiif ragaa guddaa ta'uu isaarrayyuu, firiin filannichaa amantaa ummataa akka argatu, jireenyi ummataa tasgabbaa'eefi nageenyi amansiisaan akka jiraatu taasisa. Kana jechuun, filannoon karaa farra demokraatawaa ta'een adeemsifamee xumuramu birmadummaa ummataa kan sarbu, waan ta'eef nageenyi amansisaan misoomaaf mijaawaa ta'e akka hin jiraanne taasisaa jechuudha.

Adeemsi filannoo tokko mallattoon gocha farra demokraasii utuu hin mul'atiin, karaa bilisa, demokraatawaafi haqa-qabeessa ta'een xumurameera jechuun, ummatichi gufuufi ittisa tokko malee ba'ee kan barbaade, bakka na bu'a, na fayyada kan jedhe filachuu danda'eera jechuudha. Haalli mijaawaan akkasii jiraatee ummanni filannicha keessatti ga'umsaan qooda akka fudhtu, daangaafi ittisa tokko malee ba'ee kan barbaade karaa

bilisa ta’een akka filatuuf deggaruun, qixa agarsiisuun birmadummaa ummataa amantaadhaan fudhachuudha, fixa ba’insa isaatiif kutannoodhaan dhaabbachuudha.

Kanaan ala filannichi karaa demokraatawaa ta’een akka hin xumuramneef sababa garaagaraatiin danqaa uumuun, ummatichi qaama barbaade karaa bilisa ta’een akka hin filanneef dhiibbaa irratti raawwachuun ummatichaaf kabaja dhabuu, birmadummaa ummatichaa amantaadhaan fudhachuu dhabuudha, ummanni bal’aan madda aangoo siyaasaa ta’uusaa ganuudha. Dh.D.U.O/ADWUIn miseensonniifi deggartoonni isaa hundi filannichi karaa bilisa, demokraatawaafi haqa-qabeessaa ta’een akka adeemsifamuuf, kutannoofi amanamummaan hojjechuu qabu kan jedhus amantaa kanarraa ka’eeti.

Akkuma beekamu sirna demokraasii fedhii ummataa guutummaadhaan kabajchisiisuu danda’u biyya keenya keessatti ijaaruufi akka duubatti hin deebineef wabii akka qabaatu gochuun kaayoo Dh.D.U.O/ADWUI isa hangafa. Wantoota kana dhugoomsan keessaa inni tokkoofi inni hangaftimmoo filannoon demokraatawaan hirmaannaa ummanni mirkaneesse kara bilisaafi haqa-qabeessa ta’een xumuramuu danda’uu isaati. Kanaafuu, filannichi karaa bilisa, demokratawaafi haqa-qabeessa ta’een adeemsifamee akka xumuramuuf amantaadhaan hojjechuun kaayoon Dh.D.U.O/ADWUIn qabatee ka’e fiixa akka ba’uuf hojjechuudha.

Asirratti wanti dagatamuu hinqabne jira. Demokraatawummaa filannichaa mirkaneessuu cinatti dhaabni keenya filannichaan injifatee akka ba’uuf cichinee hojjechuu qabna. Adeemsi guddina misoomaa, ijaarsa sirna demokraasiifi bulchiinsa gaarii jalqabame fufiinsa qabaachuu kan danda’u dhaabni keenya injifatee toorri warraaqsa demokraasii fufiinsa yoo qabaate qofaachadha.

Aagaa Badhaadhinaa

Gootota ciminasaaniitiin hiyyummaa seenaa taasisan

Guddina biyya keenyaa si'achiisuuf sochiin kallattii addaddaatiin taasifamaa jiru bu'aa qabeessa ta'a jira. Kanaafis guddinni dinagdee waggootii afran darbanitti galmaa'eefi waggaa shanaffaattis mirkanaa'aa jiru wabiidha. Kanaaf imaammattoonniifi tarsimoowwan haala biyya keenyaa gidduu galeessa taasisanii hojiirra olan firii mi'aawaa gumaachaa akka jiran kan hubachiisuudha. Wayita ammaa qonnaan bultoota qabeenya miliyoonaan shallagamu qabaniifi gara investarummaatti guddachuu danda'an horachuun danda'ameera. Haalli kunis qonnaan bultoota miliyoonaan lakkaawwaman hirmaachisuudhaan guddina haawwinuuf ka'umsa ta'uusaa kan mirkaneessudha.

Qonnaan bultoonni teknoloojii haaraatiin fayyadamuudhaan ofirra darbanii namoota biroofis fakkeenya ta'uu danda'an lakkoofsisaanii guddachaa jira. Lakkoofsi kun akka guddatuuf imaammanniifi tarsiimooni mootummaan baasee ittiin hojjetamaa jiru iddoo ol'aanaa qaba. Kana hojiirra olchuudhaafis qindoominni qaamolee addaddaa fakkeenyaaf waajiraaleen misooma qonnaafi baadiyaa, hojjettoonni misoomaa, bulchiinsi qindoominaan hojjechuudhaan bu'aan kun akka argamu taasisaa jiru.

Haaluma kanaan qonnaan bultoonni teknoloojii haaraatiin fayyadamuudhaan ofirra darbanii namoota biroofis fakkeenya ta'uudhaan lakkoofsisaanii guddachaa jira. Qonnaan bultoota kaneen keessaa ammoo Ob. Fayyisaa Garbaabaa isaan tokkodha. Isaanis godina Wallaggaa bahaa aanaa Sibuu Sireetti jiraataa ganda caffee jaalalleeti. Akka isaan dubbatanitti waggaa shan dura, sangaa nama irraa kadhachuudhaan qotaa turan. Harka qalleeyyii waan turaniif jireenya gadadoo keessa turan. Haata'u malee, Ob. Fayyisaan hiyyummaa kana wajjin araaramanii deemuu hindandeenye. Dafqasaanii coccobsanii hojjechuudhaan hiyyummaa harkaafi miilasaanii takaale irraa bilisa ba'uuf kutatanii ka'an.

Bishaan bonaafi ganna qe'eesaanii qaxxaamuree darbu jal'isuudhaan kuduraafi muduraa misoomsuu jalqaban. Ganna midhaan gosa addaddaa bona ammoo kuduraafi muduraa oomishuudhaan waggaatti si'a lama oomishuu jalqaban. Fakkeenyaaf bar-dheengaddaa gurgurtaa oomisha kuduraafi muduraa irraa birrii kuma 50 ol argataniiru. Damma kiiloo 200, akkasumas, bara oomisha 1999/2000tti midhaan gosa addaddaa kuntaala 300 ol akka argatan nutti himaniiru.

Ob. Fayyisaan waggootii muraasa keessatti qabeenya birrii kuma 500 ol shallagamu horachuu danda'uu saanirrayyuu, mana ammayyaa'aa tokko magaalaa Naqamteetti ijaarraniiru. Bu'aa argatan qofaa isaanii fayyadamuurra namoonni biroos faanasaanii akka bu'an taasisaniiru. Wayita

ammaa namoonni 20 isaan wajjin hojjechaa jiru. Isaan keessaa tokko kan ta'an Ob. Sayid kaasee akka dubbatanitti "Ob. Fayyisaan ofirra darbanii nuufis fakkeenya ol'aanaa ta'aniiru. Nutis akka isaanii ta'uuf cimnee hojjechaa jirra" jedhaniiru.

Gama biraatiin Ob. Fayyisaan kunuunsa naannootiif xiyyeeffannoo ol'aanaa kennanii hojjechaa jiru. Namoota naannoosaanii qindeessuudhaan biqiltuu mukaa gosa addaddaa kuma 60 ol dhaabaniiru. Hojii isaanii hundaaf mootummaan gootummaa misoomaatiin badhaasa addaddaa kenneeraaf. Magaalaa Burraayyuutti iddoo mana jireenyaa itti ijaaratan argataniiru. Mee isaanumarraa haa hubannu, "mootummaan cimnee akka hojjennu haala nuuf mijeesuusaarrayyuu, badhaasa nuukenneera. Badhaasichi cimee akkan hojjedhu kan nagargaarudha. Gara fuul duraatti investara ta'ee biyya koo tajaajiluuf karoora qaba" jedhaniiru. Bu'aalee kanaaf ammoo gargaarsi hojjettoota misoomaa iddoo ol'aanaa qaba. Ob. Tashoomaa Baqqalaa hojjetaan misoomaa gandichaa akka dubbatanitti qe'ee qonnaan bulaatti argamuu dhaan ciminaan hojjechaa jiru.

Hojii Ob. Fayyisaa akka fakkeenyaatti kaafne malee guutuu biyyaatti gootonni misoomaa kumaatama hedduutti lakkaawwam ni argamu. Fakkeenyaaf tibba darbee magaalaa Haawaasaatti gootonni misoomaa naannoolee mara irraa baba'an badhaafamaniiru. Odeeffannoon argame akka eerutti gootonni misoomaa 676 kan badhaafaman yemmuu ta'uu, kanneen keessaa ammoo 535 qonnaan bultoota. Badhaasa seena qabeessa ta'e kan argatan waldaaleen addaddaa, abbootiin qabeenyaa, waldaaleen liqiifi qusannoo, yuuniyeennoonni addaddaa, hojjettoota misoomaafi qaamolee addaddaa yemmuu ta'an qonnaan bultoonni qabeenya birrii miliyoona shanitti shallagamu horachuu danda'an keessatti argamu. Haaluma wal fakkaataa ta'een sadarkaa naannoo Oromiyaattis gootonni misoomaa 500 ol ta'an badhaafamuunsaanii niyaadatama.

Egaa gootonni misoomaa hiyyummaa seenaa taasisuuf dafqasaanii coccobsanii, hiyyummaarratti injifannoo gonfatan kunneen goota gootota caalaniif hojiin isaanii bara baraan kan yaadatamudha. Gootonni kunneen gootota kumaatamatti lakkaawwaman horachuudhaan biyya keenya, biyyoota galii gidduu galeessa qaban keessaa ishee tokko taasisuuf karoora qabame keessatti shoora ol'aanaa kan taphataniidha.

Sochii guddinaaf bu’ura ta’e

Tumsi hiyyummaa keessaa ba’uuf taasifamaa jiru ciminaan fufeera. Guddinni dinagdee biyya keenya keessatti galmaa’a jiru utuu walirraa hincitiin galmaa’u akka danda’u, qorannoon sabsii dura kan baranaa ni mul’isaa.

Godina Jimmaatti bara oomisha 1999/2000 lafti heektaarri kuma 569 ol qotamuusaafi kanarraayis callaan kuntaalli miliyoona 7.9 ol ni argama jedhame akka tilmaamamu Ob. Siyum Ittaanaa itti gaafatamaan waajjira qonnaafi misoomaa godinichaa dubbataniiru.

Bara oomisha kanaaf xaa’oon daappii kuntaalli 58,031 ol akkasumas, yuuriyaan kuntaalli 8,866 dhiyaateera. Sanyii filatamaa midhaan gosa addaddaa kuntaalli 3,847 ol akkasumas qorichi aramaa leetira kuma 17 ol qonnaan bultootaaf qoodamuusaa odeeffannoo argameerraa hubachuun danda’ameera. Oomishnii amma ni argama jedhame tilmaamamu kan bar-dheengaddaa wajjin wal biratti qabame yemmuu madaalamu kuntaala kuma dhibba tokko oliin caalmaa akka qabu barameera. Kunis ta’u kan danda’e qonnaan bultoonni leenjii addaddaa argachusaanitiin, akkasumas, teknoloojii ammayyaa’atiin dhimma itti ba’uusaanitiifi laftii kanaan dura hin qotamnee qotamuusaatiin akka ta’e Ob. Siyuum nutti himaniiru.

Godinichatti hojjettonni misoomaa 900 ol kan argaman yemmuu ta’u, gandolee muraasarraa kan hafee, hojjettonni misoomaa sadii gandolee tokko tokko keessatti ramadamanii hojjechaa jiru. Haalli kunis oomishnii ni argama jedhame tilmaamamu akka argamu gumaacha ol’aanaa taasiseera.

Walumaa galatti sochiin hiyyummaa dhabamsisuuf taasifamu akka milkaa’u ciminaan hojjetamu qaba. Keessaayyuu, hojjettonni misoomaa qonnaan bultoonni teknoloojii haaraatiin akka dhimma itti ba’an taasisuuf ciminaan hojjechu qabu. Guddinni dinagdee waggaa shanaffaaf galmaa’a jiru haala fufiinsa qabun deemu qaba.